TALAALLII FOOYYA'AA

# COVID-19 KAN BARA 2023-2024 FUDHADHAA

CDC n namoonni umuriin isaanii baatii 6 fi isaa ol ta'an hundinuu talaallii fooyya'aa COVID-19 kan bara 2023-2024 akka fudhatan ni jajjabeessa. Talaalliiwwan sadiitu jiru: Pfizer, Moderna, ykn Novavax (namoota waggaa 12 fi isaa ol ta'aniif) hundumti isaanii iyyuu dhukkuba hammaataa COVID-19 irraa dhufan nama irraa ittisu.

Talaalliin inni tokko isa kaan irra ni wayya hin jedhamu. Talaallii isiniif dhiyaatee fi umurii keessaniin wal gitu fudhachuu qabdu. talaallii gosti oomisha isaatii doozii isin kan adura fudhattan irraa adda ta'e fudhachuun RAKKOO HIN QABU.

| UMURII BAATII 6 HANGA WAGGAA 4 | UMURII WAGGAA 5 HANGA 11 | UMURII WAGGAA 12 FI ISAA OL | UMURII WAGGAA 12 FI ISAA OL |
|---|---|---|---|
| | | **KAN HIN TALAALAMIIN** | **KANNEEN TALAALAMAN** |
| Yoo xiqqaate **1** Doozii talaallii fooyya'aa COVID-19 (haaromsachuuf jecha dooziiwwan hedduu gaafachuu danda'a) | **1** talaallii fooyya'aa COVID-19 | **1** talaallii fooyya'aa COVID-19 Pfizer ykn Moderna **YKN** **2** dooziiwwaan talaallii COVID-19 fooyya'aa Novavax | **1** talaallii fooyya'aa COVID-19 |

Vaayiresiin dhukkuba COVID-19 namatti fidu yeroo hunda jijjiiramaa jira, dhorkaan talaalliiwwan COVID-19 kanneen duraa keessa turan immoo yeroodhaa gara yerootti dadhabaa deeman. Talaallii COVID-19 fooyya'aa fudhachuun humna ittisa alagaa bakkatti deebisa akkasumas gosa dhukkubichaa kan yeroo ammaa faca'aa jiru irraa nama eega.

**!** Namoonni sirna ittisa farra alagaa dadhabaa ykn baay'ee dadhabaa qaban dooziiwwan talaallii COVID-19 fooyya'aa dabalataa argachuu danda'u. Dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan dubbisaa

Waa'ee talaallii COVID-19 isa fooyya'aa 2023-2024 ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan dubbisaa, ykn odeeffannoo dabalataaf Waa'ee Talaallii COVID-19 (www.health.mn.gov/diseases/coronavirus/vaccine/basics.html) ykn CDC: Talaalliiwwan COVID-19 Vaccines Fooyyeffachuu (www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/stay-up-to-date.html) daawwadhaa.

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164
651-201-5000 | health.communications@state.mn.us qunnamaa.

01/02/2024

MINNESOTA